# Baqataa- Moottummaan Gargaaru Quubsuma Baqatootaaf Kanaadaan Kennu

GAR GAR GAR GAR GAR GAR



OROMO

## Qajeal fama

Kanaadaatti quubsuma argachuuf iyyanaan kee dhageetti dura qondaalota Kanaadaatiin laallameera.Amma booda maaltu dhalata jecuun ni mala, barruun asii gadii kuni haala itti aanu caalatti sii ibsa.



Citizenship and Immigration Canada Citoyenneté et Immigration Canada

Canada

# Quubsumaaf waan beekuu qabdu

Baqattummaan kee fudhatama argachuuf (gaafi fi i deebii kee dabalate) adeemsa quubsumaa keessatti barbaachisaadha, garuu isa dhumaatii miti.

Yoo baqattummaaf quubsuma hireen si ga'e *(resettlement as a government-assisted refugee (GAR))*, Kanaadaa deemuuf baati jahaa ol fudhachuu danda'a.

Itti aanee akka asii gadii kana ta'a.

**Adeemsa iyyannoo**

- Iyyannoon kee otuu hin fudhatamin dura, sii fi worri kee mana fayyaa irraa ragaa argachuu . Akkasuma nagayaf jecha asiin dura yakkama irraa qulqulluu ta'uun biyya Kanaadaaf rakkoo nageenyaatiif wabii ta'a. Qondaalonni Kanaadaa erga kanneen laalanii booda Kanaadaa dhufta.
- Kana booda raga fayyaa akka dhiyeesitu haga gaafatamtuu baatii hedduu fudhata.
- Itti gaafatamtoonni Viisaa Kanaadaa iyyannaa laaluudhaan fayyaa qaamaa, rakkoo-nagayaa fi yakkama irraa qulqulluu ta'u kee erga hubatanii booda murtee kennu.
- Fayyaa qaamaa, qorannaa nagayaa fi yakkama yoo darbuu dhabde quubsuma Kanaadaa hin argattu.
- Yoo quubsumaaf fudhatamte, mootummaan Kanaadaa Waldaa Adunyaalessa Baqataa, [*International Organization for Migration (IOM)*] fi dhaaba biraa kan mootummaan Kanaadaa mindaan bakka buuse hubachiisiisee adeemsa keetiif karaa sii saaqu (banu).
- Waldaan Adunyaalessaa Baqataa (IOM) akkasuma woldaaleen biraa qophii adeemsa gara Kanaadaa gootu irratti si gargaaru.
- Biyya tokko-tokkotti adeemsa dura Baruumsa Kanaadaa Biyyaa Alatiif [ *Canadian Orientation Abroad (COA*)] kan jedhutti si afeeru . Baruumsi kunis gargaarsa Lammummaa fi Baqatoota Kanaadaatiin ta'a, hujii irra ooluun isaallee Waldaalee Adunyaalessa Baqatootaan (IOM) toohatama. Barnoonni walgahii kanas baasii maallaqaatiin ala kan ta'e. Walgahii kana irratti waa'ee Kanaadaa fi erga geette booda quubsumaaf barnootaa akkasuma tajaajila quubsumaatu sii kennama.

**Gara Kanaadaa deemuu**

- Waldaan Adunyaalessa Baqataa (IOM) yookaan dhaabbileen biraa guyyaa adeemsa gara Kanaadaa sii himu. Adeemsa tikeeta xiyaaraas sii qopheessu, bakka dirree xiyaaraa si geessu, bakka sanitis si seensisu, akkasuma tin'isa biraa akkuma barbaachisetti sii kennu.

- Eyyema adeemsaa *(Passport*) yookaan raga adeemsaa alaa yoo hin qabaatin, mootummaan Kanaadaa raga adeemsaa (*travel document*) akka biyya Kanaadaa deemtu siif kenna.

- Baasiin adeemsa xiyaaraa fi qormaata fayyaa mootummaa Kanaadaatiin akka liqiitti (*loan*) sii kennamee ufirraa kaffalta.

- Kuni liqiidha, kana jechuun guututti mootummaaf deebi'yu (kafalamuu) qaba jechuudha. Akkuma Kanaadaa geetten guyyaa 30 keessatti horii tikeetaa fi qormaata fayyaaf baye kana bakkatti deebisuu (kaffaluu) jalqabuu qabda. Kaffaltiin isaallee gar-gar fageeffamee kaffalamuu ni danda'ama, innis waggaa tokko irraa haga wogaa jahaatti horiin guututti kaffalamee dhumachuu qaba, kanas kan murteessu liqiin hagam akka ta'e erga beekkameedha.

- Biyya Kanaadaatti ufii fi worra kee gargaaruuf hojjaa barbaadachuu fi hojjachuu hiree qabda.

- Qormaata hunda erga dabartee fi ragaalee xumuramee qophaaye, Waldaan Adunyalessa Baqataa (IOM) fi Waldaaleen dhhaabbilee biraa gara dirree xiyyaaraa si fidu, si seensisuu fi garagaarsa hoggannoonni dirree xiyaaraatti sitti dhiyeessu ykn. dhimma bulchiinsa baqattummaa (*immigration*) laalchisu siif tolchu.

## Qubsuma Baqatootaaf kennamuun Kanaadaa seenuu




Qubsuma Baqatootaa ta'uun kee, mootummaan Kanaadaa haga baatii 12 gargaarsa maallaqaa akkuma seenteen sii godha jechu. Mootummaan Kanaadaa erga seentee booda baasii fayyaa yoo si barbaachise siif baasa.

- Yeroo Kanaadaa geette, waldaan baqatootaaf tajaajila kennan (*immigration service -provider organization*) dirree xiyaaraatti si simatu akkasuma biyyaa kee haaraya kanaaf akka qophooftu guyaa xiqqoof gargaarsa sii kennu.

- Bakka bultii kan akka mana keesumeessaa fi hoteelaa sii qopheessu. Inni kunis teesuma yerooti haga bakka jireennaaf sii tolu argatutti jechuudha.

- Waan akka uffataa fi nyaataa sii kennama bakka sanittis namoota akka kee biyyaaf haarya ta'aniin walbaruuf carraa argatta.

- Hojjatnoonni waldaa baqatootaaf tajaajila kennan gaafii yoo qabaatte sii deebisu akkasuma jireenna uf duraatiif akka uf qopheesitu gargaarsa isaanii itti fuufu.

Kanaadaa dhuftee torbaan muraasaa keesatti grargaarsa maallaqaa mootummaan Kanaadaa siif kenna . Kunis waan akka nyaataa, uffata, meeshaa fi mi'a manaaf kan sii

ta'u . Haga waggaa gargaarssi siif godhamu kan mana jireenyaa fi nyaataa ta'a . Mootummaan baasii fayyaa garii (tokko –tokkoo) kan yoo asi geette si barbaachisuuf gargaarsa sii kenna.

Itti dabalataan, waldalleen tajaajila kennan sagantaa adda – addaa irratti kan akka haala autobisaa (Autobus), beellama haakimaa (doktoraa) fi haala baankii irratti si gargaaru. Waldaan kuniin korboo adda-addaa guutuu, ragaa jireenyaa biyaa argachuu, iyyannoo kaardii fayyaa argachuu, laakoofsa sooshaal inshuraansii argachuu (social insurance number) fi waan biraatis eda'atee si gargaaru. Kan biraatis kan akka hiikkaa afaanii (turjumaana) fi odeeffannoo doktoraaf kennamu irratti si gargaaru.

Waldaan tajaajilaa kuniin barnoota afaan Ingliizii fi Fransaa barbaachisummaa isaatti sii kennu.

Afaan bal'ifatanii barachuun ykn. diriirffachuun hujiif barbaachisaadha, biyyaa fii aadaa biyyaa barachuun ummata Kanaadaatti eda'amuun lammii biyyaa akka taatu si tolcha.

Mootummaan Kanaadaa yeroo jalqabaatiif akka jiruu kee woyyeefatuuf si gargaara, waan siraa eeggamu dhugeeffachuu qabda. Isa kaneen akka sii mijjatu godhuuf Kanaadaatti ciminnaan hojjachuu qabda. Jireenyi kee kan uf duraa tattaafii ati gootuun murtaawa.

## Quubsuma warraa kee wajiin



Yeroo fudhatamaaf hujiileen hojjatamaa turan, qondaalonni Kanaadaa akka abbaa waraa ykn haadha waraa akkasuma ijoollee isin jala jiraatan akka korboo tokko irratti guutaman isin wajjiin Kanaadaa dhufan hubachiisuu hin oolan . Yoo akii wanni jijjiirame jiraate(kan akka fuudhaa fi wal – hiikkaa), yookaan yoo ijoollee argattan ta'e bakka bu'oota baqataa, UN (UNHCR) tii fi hogganoota Kanaadaatti gabaasuun , akka maatiin keessanis galmee iyyannootti eda'aman taasisa .

isa kanas qondaalota Kanaadaa fi UNHCR hubachiisuu qabda. Warraa kee cufa (ijoollee kee, obboleewwan, obboleettii, abbaa fi haadha, abbaa fi haadha warraa) kan isin wajjiin jiraatuu fi bakka biro jiraatus dabalatee galmaayuu qaban.

Warra kee kan quubsumaa Kanaadaa ammaaf hin feenes yoo ta'anis galmee kee keessatti guuttamuu qaban.

Galmee kee irratti kanneen hin guuttamin yoo jiraate uf duraaf Kanaadaa dhufuu hin danda'an.

Yoo firaa fi hiriyyaa biyya Kanaadaatii qabaattee naannoo san qubachuu barbaadde, bakka bu'oota UNHCR fi qondaalota Kanaadaa yeroon beeksisuun gaariidha, Kanaadaan bakka hawaasni nama sanii jirutti quubsuma baqatootaaf yoo keenne gargaarsa argachuu danda'u ilaalcha jedhu qabu.

## Haala godaantuma kee




Yeroo Kanaadaa seentu ( geettu), akka asi jiraattu fi jiraattaa biyyaa dhaabbataa taatetti ragaan (dokumentiin) sii kennama. Kana jechuun. Kanaadaa taa'uun kee seerawaa ta'e jechuudha. Hujii hojjachuu yookaan mana barnnootaa deemuu ni dandeetta.

Lamummaa Kanaadaa ta'uuf dura haala murtaa'aa ta'etu jira, innis hagam Kanaadaa jiraattee fi turuu keeti. Yeroo gaafilee (sirnnoota) barbaadamu kanneen cufa guutte, lamummaa Kanaadaa ta'uuf iyyannaa galffachuu ni dandeetta (dandeessa).

## Kanaadaa bakka jiraattu





Biyyi Kanaadaa bal'innaan adunyaa irratti lammaffaa taatee magaalota gurguddoo fi gandoota baayee qabdi akkasuma bakka namni hin jiraanes guddinaan argaman. Magaalonni baayyeen kibba Kanaadaatti argaman . Bakkeen hedduun waliraa fagoodha, dhaquunis yeroo baayyee fudhata, yoo xiyyaraan ta'es ni fagaata. Fakkeenyaaf, magaalaa Toronto irraa Vankuuver (Vancouver) fageenyi isaa 4,300 km. ta'a yeroon xiyyaaraan fudhatus sa'aa afurii ol ni ta'a.

Bakki quubsuma kee magaalota hedduu keessaa tokko ta'un ni mala.

Biyya Kanaadaa keessatti bakka barbaadde deemuuf mirga qabda, garuu haga waggaa tokkoo otuu bakkuma takka turtee gaarii ta'a. Kunis akka tajaajila siif qindaawe dhimma itti baatu si gargaara jedhameeti.

## Gargaarsa Kanaadaa




Bakka jiraatutti hawaasaa fi waldaya kan dhiiraa, dubartoota fi ijoollee keessatti hirmaatuun ni danda'ama. Ispoortii kan akka kubbaa miilaa fi daakkaa bishaanii irraa qooda fudhachuun akkasuma yeroo dabarfannaa adda-addaa warra wajjiin dabarffachuun ni danda'ama.

Innu tokkolee isaaallee kaffalaltti (baasii) hin qabu, gariin isaa kaffaltii (baasii) qabaatu fa'a ta'a.

Yeroo bakka jiraatutti walgahiin jiraate ta'e, irraa hirmaachuu yaalii godhi. Kunis akka namootaa fi hawaasaan walbaratu si gargaara akkasuma tajaajila naannoo sanitti kennamu barachuuf si gargaara.

Namoota hawaasa kee ta'an yoo argatte caalatti akka jiruu kanaadaatti maxaqxu sii gargaara, garuu gargaarsa biraatis argachuuf carraa godhuu hin dhiisin.

## Ummata Kanaadaa



Kanaadatti dhiiraa fi dubartiin walqixa. Lamaanu mirga qixa qabu, kabajjaallee wal-qixa qaban.

Dhiiraa fi dubartiin sadrkaa kam irraa haa ta'u, aadaa, sanyii fi amantaan walitti dhiyaachuun qixa laallaman.

Kanadatti yaada kee bilisa taatee himachuu ni dandeetta, garuu akkasuma yaada mamoota biraatis kabajjuu qabda.

Gragaarsaa firoottani fi warra irraa argachaa turte asitti argachuu dhabuun kophaa akka taatu si gochuu ni mala. Haa ta'uu garuu si duwwaa miti . Yoo yaaddoon sitti dhalate, nama qunnamuu yaalii godhi. Nama hawaasa kee keessa jiru dubbisuu yaalii godhi. Kanaadatti akka maxaqxu ykn. Wal-bartu namoonni si gargaaru ni jiru.

## Warra kee fidachuu (Sponsor) gochuu



Erga Kanaadaa dhuftee booda, warra kee Kanaadaa akka dhufan gochuu ni dandeetta.

Garuu, kan hubatuu qabdu, yaaliin kuni yeroo baayyee fixuu ni mala, yeroo dheeraaf warra kee arguu hin dandeettu ta'a . Warra kan jedhaman abbaa fi haadha, akaakayyuu fi akkoo, abbaa- worraa fi haadha- warraa akasuma ijoollee irkataan jiraatan ta'uu danda'u. Warri kee kan akka Kanaadaa dhufan barbaaddu galmee iyyannoo kee irratti guuttamuu isaanii mirkaneeffachuu qabda. Obboleewwan, obboleettiiwwan, adaadaa, eesuma, ijoollee -eessumanii fi adaadotaa, ijoollee ka'imman booda waamuu hin danda'amu.

Warri kee Kanaadaa keessa eessa akka jirtu sirritti beekuu qabu. Teessoo kee, magaalaa jiraattu fi kutaa jiraattu cufa beekuu qabu.

## Hujii (dalagaa) barbaadachuu







Gragaarsa horii Kanaadaa irraa wogaa tokkoof argatus, hojjaa barbaadattee ufii fi warraa kee akka gargaartu hawwii keenya. Afaan Ingliizii yookaan Fraansaayii dubbachuun hojjaa argachuuf siif laaffata.

Kan hubatuu qabdu, digrii universitii, diplomaa koleejjii, yookaan ragaa barnoota daldalaa qabaachuun Kanaadaatti fudhatama argagachuu dhabuun ni mala. Digrii/ barnoonni ragaa yookan xalayaan muudamaa kan qabdu fudhatama isaa kan murteessu bulchiinsa kutaa ta'a.

Warra kee kan biyya jiraataniif gargaarsa maallaqaa gochuu ni barbaadda ta'a . Isa kana gochuu ni dedeetta, garuu baqatootni hedduun uf gargaaruuf ni ulfaata ta'a, akkasumattuu warra isaanii kan biyya jiraniif gargaarsa maallaqaa ni godhu. Wanni hubachuu qabdu, biyyaa fi jireenna Kanaadaatiin uf barsiisuun (wal-fudhachiisuun) yeroo fudhata.

## Baasii

Yeroo Kanaadaa geette, mootummaan Kanaadaa tindhisa maallaqaa baatii 12 sii godhu.

Akkuma tin'isni dhaabbateen, uf gargaaruun dirqama kee ta'a, baasiilee akka nyaataa, kiraa manaa, gatii ibsoo, gatii bishaanii, uffataa fi ashuuraa (gibira) baasii mataa keetii ta'a .

Maallaqa argattu sirna qabsiisuun ykn. baajeta baasuun barnnoota gaarii ta'a.


## Mana baruumsaa



Barnnoota mana baruumsaa ijoollee, sadrakaa 1ffaa (elementarii) fi barnnoonni sadarkaa 2ffaa kaffaltii hin qabu. Ijoolleen cufti kan waggaa 6 irraa haga waggaa 16 mana barnootaa deemuu qabu. Kuni seera biyyaati. Baratootni hedduun isaanii barnoota sadarkaa 2ffaa irraa diplomaan eebbifamu (gara umrii 18) . Ergaa barnoota sadarkaa 2ffaa xumuranii booda, gariin isaanii universitii yookaan koleejjii deemu, yoo kan kaffaltii sibarbarchisa ta'a.

Kolleejjii fi universitii seenuuf baasii mallaqaa fedha.

## Fayyaa ilkaanii



Mootummaan fayyaa kan akka doktoraan laallamuu fi balaa ariiffachiisaa ilkeef wogaa duraatiif Kanaadaa waan jirateef gargaarsi siif kennama, baasii ilkaanii kanaa ala hin laallatu, yeroo hedduu baasiin akkanaa kanuma abbaa sanii ta'a.

## Nyaataa fi bishaan



Bishaan Kanaadaa dhugaatiif kan amansiisu. Manni cufti bishaan oo'aa fi qabanaawa qaba.

Bishaan guyyaa fi halkan ni argatta . Wanni ati gootu bishaan yoo barbaadde bantee itti fayadamuu qofaadha.

Kanaadaa heddu kan ta'an aadaa ummta garaa-garaatu keessa jiraata. Nyaata graa-garaa argachuu ni dandeetta, kan akka ruuzaa, daabboo, kuduraa ti fuduraa, qimama (mi'eesitu), misira fi foon lukkuu mana sorootaa si biratti ni argamu. Kanaadaan mana kuusa (store) hedduu qabdi, waan adda –addaa fakkeenyaaf foon re'ee, kan bakka hedduutti hin argamu . Nyaanni halaal (foon booyyee hin ta'in) ni argama.

## Amantii






Biyya Kanaadaatti amantii heddutu jira. Amantaa kee bilisa taatee hordofta. Seerri Kanaadaa namoota amantaa biraa hordofan akka kabajituuf gaafata. Amantaa kee akka jijjiirattu ennus si dirqisiisuu hin danda'u. Amantaan bilisa ta'uun Kanaadaaf mirga duraati.

## Qilleensa

Hedduun biyya Kanaadaa qileensa afur qaba : Arfaasaa, bona, birraa fi ganna .Kanaadaan biyya bal'oo waan ta'eef qilleensi biyya irraa –biyyatti jijjiirama. Arfaasaan, (Bitoteesa, Ebla fi Caamsa) baatiiin kunniin naannoolee Kanaadaa hedduutti yeroo roobaati, qileensi yeroo kanaa qabbanaawaadha. Yeroo bonaa (Waxabajii, Adoolessa, fi Hagaya) yeroo kana heddun biyyaa ni oo'a. Guyyaa oo'i isaa $20^{0}$C ol ta'a, yeroo garii ammaoo 30 °C ol ni ta'a.

Yeroo Birraa, (Fulbaana, Onkololeessa,fi Sadaasa) qilleensi ni qabbanaawa, roobnis ni baayyata. Yeroo gannaa, (Muddee, Amajjii fi Gurraandhala) qilleensi bakka hedduutti qilleensi isaa 0 °C gadi fi -30 °C , guyyaa fi halkan gudddisee qorra. Waan guddisee qorruuf sirritti uffachuu qabddu.






## Gorsa xumuraa

Jirreenna haarya Kanaadatti jalqabuun namoota gariif gammachuu yoo ta'u kan biraatii ammoo jiruu jabduu ta'a. Isa kanaan wal simachuuf yeroo fudhata. Namonni haaraya dhufan kanuma akka keetiitii biyya wajjiin uf jijjiiranii ummata Kanaadaatti dabalamanii maxaqoo ta'aniiru.

Afaan Ingliiziffaa fi Fransaayii dubbachuun tajaajila argachuuf si gargaara, hojaa barbaadachuu, walii-gala jiruu fi jireenna Kanaadaatti uf fudhachiisuuf si gargaara. Yoo akii hiree argattee afaan lamaan keessaaa tokko baratte, itti dabaltee baldhisuun baayyee si gargaara. Erga as geettee booda, hiree qabdutti fayyadamtee afaan, dubbachuu, dubbisuu fi katabuuf beekkoomsa kee akka baldhiftu si gargaara.

Namoota si naannoo jiranis gaafii gaafadhu.

Kan yaadachuu qabdu, gargaarsa namaatii fi tajaajili akka jiru hubadhu.

Kan irra deebi'amee laallame Ebla 2014